



Qulqullina Naannawaa





Qulqullina Naannawaa

Leveled

Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata 'USAID' irraa argameen,walta'iinsa Dhaabbata 'Save The Children', Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>



Waariteen maqaa kooti.



Naannawaa qulquuu
ta'e keessa jiraachuun
jaalladha.



Ganama ganama manan
qulqulleessa.



Fincaan koo mana
booliitti malee bakkeetti
hinba'u.



Mana boolii deemnaan
qaawwa isaa ilaalladheen
sirnaan fayyadama.



Harkaafi miila koo
qodaatti malee lafatti
hindhiqadhu.



Bishaanin miilakoo ittiin
dhiqadhe boollattin
dhangalaasa.




Qola muuziifi maangoon
nyaadhuus kachoo balfaa
keessan buusa.



Balfichas boolla
keessattan gata.



Balfan boollatti gates
ibiddaan nan guba.



Guyyoon mala qulqullina
itti eeggatan narraa
barate. Waan ani
raawwadhu kana maras
niraawwata.



Naannawaa qulqulluu ta'e
jiraachuun fayyaa namaaf
gaariidha.

